# Rabbiin dirqamoota dirqama taasiseera, (hojjachuu dhabuun) isaan hin balleessinaa, akkasumas daangaawwan daangesseera, isaan hin tarkaanfatinaa, wantoota gariis haraama taasiseera , isaan hin hojjatinaa, irraanfatee osoo hin taane, rahmata isiniif gochuuf jecha, wantoota garii irraas calliseera, qoqqottanii isaan hin barbaadinaa

Abuu Sa'alabaa Al-Khushanii Jursuum ibnu Naashir irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Rabbiin dirqamoota dirqama taasiseera, (hojjachuu dhabuun) isaan hin balleessinaa, akkasumas daangaawwan daangesseera, isaan hin tarkaanfatinaa, wantoota gariis haraama taasiseera , isaan hin hojjatinaa, irraanfatee osoo hin taane, rahmata isiniif gochuuf jecha, wantoota garii irraas calliseera, qoqqottanii isaan hin barbaadinaa».

[قال النووي: حديث حسن] [رواه الدارقطني في سننه وغيره]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akka Rabbiin wantoota garii dirqama godhe himani, dirqamoota sanas sirriitti qabadhaa, isaan dhiisuudhaan yookaan isaan laaffisuun hin miidhinaa jedhani, akkasumas kellaawwanii fi dhoorgaawwan murtaa'an, kan waan Rabbiin hin jaallanne irraa isin ittisuu fi isin dhoorgu isiniif taasisee jira, waan shari'aan itti ajajeen ala irratti hin dabalinaa, akkasumas wantoota gariis haraama isinirratti godhee jira hin hojjatinaas ittis hin dhihaatinaa, sanaan ala waan jiru immoo gabroota isaatiif rahmata gochuuf jecha irraa cal'isee jira, eeyyamamaa ta'anii bu'uuruma isaanii irratti hafu qoqqottanii hin barbaadinaa.